


Qopheessaa:

Mark McGee

# Fayyina!

Leenjii Marshaal Aartii Grace keessatti luqqisi nuti dursa gaafannu; Hoj.Erg 16:31, “Gooftaa Yesusitti amani, ati in fayyitaa, Maatiin keesa in fayyu” Namichi of ajjeesuu barbaadee ture sun ergamaa Phaawulosin, “Ani akkan fayyuuf maal gochuutu anaaf ta’aa gooftolii koo” jedhee isaan gaafate. Namichi kun gaaffii jireenya hafuuraa baayyee barbaachisaa gaafate. Phawuloosis deebii bu’uuraa deebise, Gooftaa Yesusitti amani; in fayyitaa jedheen. Phawuloos nama harka isaatiin battala sanatti of galaafachuu yaadeef, deebii bu’uuraa deebise. Kanaaf, Hoj.Erg 16:31 gaaffii jalqabaa baratoota keenyaa ta’ee kan argameef! Wanti fayyina keenyaa olii hin jiru.

Amantiin maali? Raawwatanii irratti of gatuu ykn itti of kennuudha. Bu'uurri kiristaanummaa jiraachuu Waaqayyoo irra in darba. Waaqayyo tokkichi akka jiru, seexanni iyyuu in amana in roqomas. Jiraachuu Waaqayyootti amanuun barbaachisaadha, garuu isa xumuraa miti. Phawulos, tarkaanfin hafuuraa ati dursa fudhachuun of oolchitu "Gooftaa Yesusitti' amanuu akka ta'e dubbata. Waaqayyotti amanuu fi fayyinaaf Kristositti amanuun bu'uura amantii kiristaanaati.

Fayyisaa keenya kanaaf abboomamuus qabna. Macafa qulqulluu yemmuu dubbifannu, Waaqayyo amantooti hundumtuu haala kamiinuu duuba utuu hin deebi'in jireenya isaanii guutuu isatti akka of kennan dubbata. Guutummaatti of kennuun kun oolmaa isaa beekuun isaaf hojjechuudha."Ammas yaa obboloota ko, araara Waaqayyoof jedhaatii namummaan keessan qulqullaa'aa fi Waaqayyo duratti fudhatamaa akka ta'utti, aarsaa jiraatu

gootanii akka isa dhiyeessitan isin nan gorsa; akkasitti hafuuraan Waaqayyoof in sagaddu. Roomaa 12:1,

Waa'ee leenjii Maarshaal Aartii Grace bal'inaan baruu yoo feetan, leenjisaa M a r k M c G ee imeelii armaan gadii irratti quunnamaa.

gracemartialarts1@gmail.com.

## Fayyina fi Nageenya!

*"Dammaqaa, amantiitti cimaatii dhaabadhaa! Ija-jabeeyyiidhaa fi jajjaboo ta'aa!" 1 Qorontos 16:13-14*

**Copyright © 1990-2021 Grace Martial Arts Fellowship**